qaanqee@hotmail.com

Lakk. 24 Onkoloolessa, bara 2005

Teessuma Jila Qabsaa'ota Adda Walabummaa Oromiya (AWO)
Onkoloolessa 14-25 bara 2005
Dirree Qabsoo Irraa

Baatii Onkoloolessaa 14-25, 2005 Jilli Qabsaa'ota Adda Walabummaa Oromiyaa teessuma seenaa Qabsoo Walabummaa Oromiyaa keessatti gulantaa ol-aanaa qabu dirree qabsoo keessatti godhatee milkiin xumuratee jira. Teessuma kana ka teessumoota haga ammaatti Qabsoo Bilisummaa Oromiyaa keessatti godhaman irraa adda taasisu qabsaa'otaa fi warraaqxonni qabsoo ummata Oromoo ka waggota dheeraa lakkaawwate keessatti, jaarmayoota walabaa Oromoo adda addaa keessatti hiriiranii jireenna isaanii guutuu dirree qabsoo hidhannoottii fi kolbaawwan falamii qabsoo garagaraa keessatti bobba'anii turan daangaa jaarmayootaa cicciranii kaayoo tokkoo fi jaarmaya tokko jalatti walitti dhufuu isaaniiti. Teessumti jila qabsaa'otaa kun qabsaa'ota kaleessa ABO, FIDO, Adda Tokkummaa fi IBSO jalatti hiriiranii qabsoo walabummaa Oromiyaa galmaan gawuuf jecha haga isaanii danda'ametti wareega baasaa turan ammata. Sabboontotaa fi hayyoonni Oromoo kanneen jaarmayaan alatti dhuunfaan gumaata guddaa fiixa-ba'iinsa kaayoo bilisummaa Oromiyaatiif godhaa turanilleen heddumminnaan irratti hirmaatanii jiru.

SEENSA

Kiyyoo-gabrummaa cabsanii ummata Oromiyaa walaboomsuuf jecha qabsoon jaarmayoonni walabaan Oromoo seenaa qabsoo ummata keennaa keessatti godhan bakka guddaa qaba. Haa ta'u malee karaan qabsoo ka isaan hordofan, tarsimoo fi tooftaan isaan karoorsan, caasaan jaarmayootaa ka isaan diriirsan kaayoo aggaammatamee bakkaan gawuun hafee adeemsa Qabsoo Walabummaa Oromiyaa irratti gufuu guddaa tayee argame.

Nuyi qabsaa'onni ardha ukkaamsaa fi sillingaa jaarmayota adda addaa keessaa baafannee kaayoo tokkicha jalatti jaarmaya tokko tolfanne, seenaa qabsoo bilisummaa Oromiyaa keessatti jaarmayoonni walabaan dhalachuun qabsoo bilisummaa ni finiinsa; tokkumma ummata Oromoo ni jabeessa; humna dur hin qabne uuma; dhuma irrattis gabrummaa cabsee Oromiyaa ni walaboomsa abdii jedhuun socho'aa turre. Garuu, ka hanga ammaatti tayaa jiruu fi ka ijaan argaa jirru faallaa kanatti. Qabsoon jaarmayoonni kunneen hogganan jaarmaya jabaa, jaarmeenni jabaan ammoo tokkummaa ummata Oromoo daran jabeessee Oromiyaa walaboomsuun hafee guyyaa irraa gara guyyaatti waggaa irraa gara waggaatti laafatuu fi hadhaa salphinnaa dhandhamuun fi gabrummaa haarawaaf of-qaadhimuun nu mudate. Hennaa hundumaa dursamuun aadaa fi hiree ummata Oromoo ta'e.Qabsoo jaarmaya jabaa dhalu, jaarmaya jabaa tokkummaa ummata Oromoo dhalu, tokkummaa humna tarsimoo dhalu, humna gabroomfataa garagalchee Oromiyaa walaboomsu arganna jennee obsaan baroota dheeroo carraaqaa turre. Hogganoonni jaarmayoota kanneennii, keessattuu hogganni ABO, kaayoo bilisummaa Oromiyaa galmaan gawuuf tokkummaan hojjachuun hafee ofii isaatiifuu, wal-diigee, miseensota jaarmayootaa

tamsaasee, waraana bilisummaa Oromiyaa facaasee ajandaa dhoksaa dorgommii bolola aangoo qullaa finiinsuun amala dhaabbataa godhate. Sababii kanaan qabsoo jaarmaya cimaa hin dhallee, jaarmaya tokkummaa ummata Oromoo hin ittichine,tokkummaa ammoo bilisummaa Oromiyaa hindhaleessine eeguu hifannee mala dhawuu fi karaa qabsoo Bilisummaa Oromiyaa baasuu barbaaduu jalqabne. Iyyaafannoo fi odeeffannoo, qabsoo jaarmaya bilisummaa jabaa dhalu, jaarmaya jabaa tokkumma ummata Oromiya ittichu, tokkummaa ammoo walabummaa argamsiisuu keessa bara dheeraaf dirree qabsootti, bara 2001 Qaanqee Bosonaa jalattii fi gurmuu adda addaa, waggaa ardhaa qaama ATQBO jedhu jalatti walitti dhufnee mariyachuu jalqabne. Qabsoon jaarmaya cimaa dhalu, jaarmanni cimaan tokkummaa ummata Oromoo fidu, tokkummaan ammoo walabummaa dhalu ka dhufu tokkummaa jaarmayootaatiin osoo hintayin (mechanical unity) : qabsoo, jaarmaya, tokkummaa qabsaa'ota walabaa tokkummaa ilaalcha (ideological unity), tokkummaa jaarmayaa (organizational unity) fi tokkummaa tarkaanfii (unity of action) qaban tawuu hubanne tokkummaa qabsaa'ota walabaatiin Adda Walabummaa Oromiyaa (AWO) ijaaranne

Moggaasaa maqaa Ilaalchisee

Maqaan Adda Walabummaa Oromiyaa (AWO) jedhu tasuma hin moggaasamne.
AWOn kottoomfachiisa yookaan qoncoorsisa maqaa Adda Walabummaa Oromiyaati (Front for the Independence of Oromia). Gubbisaan yookaan moggaasaan AWO jedhu walitti hidhata uumamaa ka addaan hincinne ka jechoonni jaarmaya, tokkummaa, qabsoo fi walabummaa qaban sumuda (symbolize) godha.

Qabsaa'onni ammaan tana Adda Walabummaa Oromiyaa utubne marii fi xiinxallaa bara dheeraa keessatti hundee fi fuullee siyaasaa Qabsoo Walabummaa Oromiyaa rogaan hubanne gaafii hundee jaarmaya siyaasaa moonaa qabsoo walabummaa Oromiyaa irraa ka'uuf dirqamne.Yaroo seenaa qabeessa kana keessatti yoo ajandaa jaarmaya haarawaa ummataa Oromootii fi sabboontota Oromooti dhaleessinu gaafiwwan hundee jaarmaya siyaasaa kanneen asii gaditti tarreessaman ka'uun isaanii akka hin mamsiisne tilmaanee deebii quubsallee akeekuu yaalle:
1. Osoo jaarmayoonni walabaan Oromoo, keessattuu osoo ABOn jiru maaliif jaarmaya haarawa utubuun yookaan qambeessuun yookaan bixxiluun barbaachise?
2. Jaarmayoota heddummeessuun rakkoo qabsoo walabummaa Oromiyaa furuu dandeennaa?
3. Jaarmaya haarawa dabaluun rakkoo haarawa dabaluu hin tawu? Kanneen jedhanii fi ka kanneen fakkaatan of-gaafanne.

Ammallee gaafiwwan asii olitti tarreessaman deebisuuf, gaafii hundee ka "Ummanni Oromoo maal dhabee walabummaa dhabe?" jedhu deebisuu irraa ka'uuf dirqamne.
Osoo jaarmaya dachaa-darabeen qabnu jaarmaya hin qabnu, osoo baldhinna qabnu humanaa fi walabummaa dhabne jechuun farristummaa yookaan dhugaa dhara (paradixical truth) fakkaattu akka ta'e hubanne.
Gaafii kana deebisuuf ammallee gara gaafiilee hundee jaarmayaatti ceene. Isaanillee:
• Jaarmaya jechuun maal jechuu?
• Jaarmenni maaliif ijaarama?
• Jaarmenni akkamitti ijaarama?

• Ummanni Oromoo goomoo gabrummaa cabsee walabummaa gonfachuuf jaarmaya akkamii barbaada?
• Garaagarummaan jaarmayoota Oromoo birootii fi AWO jidduu jiru maal? Kanneen jedhan tarreessinee tokko tokkoon irratti mariyannee

”Jalqaba Jaarmaya jechuun maal jechuu”? gaafii jedhu deebisuu yaalle

Jaarmaya jechuun tokkoomina yookaan qindoomina meeshaa, ilma-namaatii fi kaayoo tawuu isaa argine. Kaayoo fi ilmi namaa qoodni jireenna jaarmaya tokkoo keessatti qaban murteessa akka taye qayyabanne. Kaayoo beekkamaa fi hujii ilma-namaatiin alatti jaarmenni tokko hiikkaa yookaan bu’aa akka hin qabne amanne wal amansiifne. Jaarmaya keessatti gayeen hogganni qabu murteessa hunda caalu tawuu agarre. Kanaafuu, ummanni Oromoo osoo waan hundaa qabu kan walabummaa dhabeef hoggana jaarmaya lubbu-qabeessaa dhabuu isaati ejjannoo jedhu irra geenne.

Itti aansinee, ”Jaarmenni tokko maaliif ijaarama?” gaafii jedhu xiinxalline

Jaarmenni makkaaldhoo (vision) yookaan kaayoo (principle) yookaan karoora(plan) tokko galmaan gawuuf utubama. Jaarmenni mataa isaatitti kaayoo miti. Karaa biraatiin jaarmenni qoqqophee yookaan riqicha gara makkaaldhootii fi kaayotti nama ceesisu. Akkuma qoqqopheen yookaan nooraan (means or mechanism) tokko laga gama nama ceesisu dhaabni tokkollee kaayotti nama ceesisa.

Qabsoon, dhaabni, tokkummaa fi walabummaan gadaamessaa saba tokkoo keessatti dhalatanii, wal-dhalanii, wal-guddisu. Qabsoon jaarmaya dhala; jaarmenni tokkummaa dhala, tokkummaan ammoo walabummaa dhala. Qabsoon jaarmaya hin dhale, jaarmenni tokkummaa hindhale, tokkummaa walabummaa hin dhalle masheena tawuu hubanne. Qabsoon ummanni Oromoo haga ammaatti godhaa turee fi jiru jaarmaya cimaa dhaluu akka hin dandandayin irratti walii-galle, jaarmenni jabaan ammoo tokkumma Oromoo dhaluu hin dandeenne, tokkummaa fi humna dhabuun ammoo walabummaa akka nu dhabsiise caararreeffanne.

Jaarmayoonni Oromoo qabsoo dhalan, qabsoon ammoo jaarmaya dhala, jaarmenni ammoo tokkummaa dhala, tokkummaan ammoo bilisummaa dhala jenne dhala gaangee eegaa turuu keennatti gaddine. Osoo dhala gaangee eeynu gabrummaa bara baraan dhaaluu fi hennaa mara dursamuuf dirqamuun keennaa gara nu gube.

Ummanni Oromoo seenaa keessatti marsaa afuriif dursamee raroo gabrummaa dabarfatuu isaa qormaanni seenaa nu barsiise. Ummanni keenna jaarraa 16ffaa keessa osoo silaa walabummaa isaa tiikfatee raggaasifatee turee, Itoophiyaan ardhaa tun Oromiya taati turte jennee sheenofne. Bara Daargee osoo silaa Minilik Lola Caancoo irratti caphee turee silaa Oromiyaan ardha walaba turte jeennee seenaa irra deebinee gilgaallee. Bara Haila Sellaasse illee osoo silaa sochiin Oromoon baadiyaa fi magaalaalee keessatti deemsisaa ture dursee mootummaa Haila Sillaassee mooyate turee, ardha silaa Oromiyaan walabaa turte jennee hiibboo seenaa ajiifannee. Bara Dargullee osoo silaa ABOn TPLF dursee Darguu ka buqqisee turee, silaa ardha Oromiyaan walaba turte komiin jedhu laphee bilisummaaf alaan altee nu danfise. Bara ammaallee kunoo, osoo ummanni Oromoo mootummaa Wayyaanee hin kuffisin, gitni bittuu Naafxanyaa haarawa mootummaa Wayyaanee kuffisee deebi’ee nu yaabbata sodaan jedhu hirriba

nu dhabsiise.

Kanaafuu qabsoo, jaarmayaa fi tokkummaa maseente teennee eeguu hifannee qabsoo jaarmaya dhaltu, jaarmaya tokkummaa Oromoo dhalu, tokkummaa ammoo sillingaa sirna kolonii caphsee Oromiyaa walaboomsu barbaaduu jalqabne. AWO illeen iyyaafannoo qabsoo jaarmaya dhaltu, jaarmaya tokkummaa dhalu, tokkummaa walabummaa Oromiyaa dhalu keessaa guduufamee, dhalatee dheengi'ame.

"Jaarmenni walabummaa akkamitti ijaarama yookaan AWOn akkamitti dhalate?" gaafiin jedhu bakka ol-aanaa qabate

AWOn akka biqiltuu horoqqoo yookaan habuuttaa mandiisuu takkaan hin dhallanne. Karaa biraatiin akka ilmannan roobaan jireetti halkan tokkoon yookaan guyyaa tokkoon hin hanqaaqamne.
1. Qabsoo bara dheeraa lakkaawwate keessa gudeedaa fi gadaamessaa ummata Oromoo keessaa muuxatee, qabsoo ayyaan-laallattummaa fi qancarsitummaan booresse xaliichee gadi-baye. (Transformation of quantity into quality)
2. Qaama jaarmayoota Oromoo babbaysee, atantaree, cinaacha jabaa fi laafaa addaan baasee, qaama ijaaraa fi diigaa angulaalee, cinaacha laafaa fi qaama diigaa darbuun cinaacha jabaa fi qaama ijaaraa dhaaluun sillingaa jaarmayootaa cicciree tokkummaa qabsaa'otaatiin of-muldhise. (by assimilating the positive elements and by discarding the negative elements of its political precursors)
3. Seenaa fi mooyxannoo qabsoo mirga dhala-namoomaa, mirga dimokraasii dhugaatii fi qabsoo bilisummaa ummatoota biroo gad-fageennaan qoratee qaama haarawa itti dabaluun (by adding new elements) ofgabbisee socho'uu jalqabe.

Ummanni Oromoo furgaasaa gabrummaa cabsee walabummaa gonfachuuf jaarmaya akkamii barbaada? Gaafiin jedhuu handhuura dhawa walabummaa Oromiyaa tawuu hubanne.
Ummanni Oromoo jaarmayaa fi hoggana makkaaldhoo walabummaa (liberatory vision) irratti ijaaramee ititeen socho'u barbaada. Walabummaan ammo walabummaa miseensaa, walabummaa jaarmayaa, walabummaa hogganaa, walabummaa biyyaa, walabummaa ummataa, walabummaa mootummaa ammata. Ummanni Oromoo jaarmaya tokkummaa mirgootaatitti amanee hujii irra oolchu (indivisibility of rights) barbaada. ummata bilisaan, biyya walabaa keessatti mootummaa birmaduu dimokraatawaa Oromiyaa ijaarachuu hawwa. Ummanni Oromoo Oromiyaa walaboomte keessatti mirga dhala-namoomaa akka iggitii tokko malee kabajamu kaayomfata. Mirga isaatiif yoo falmatu mirga nama biraa mulquuf akeeka tokkollee hinqabu.Ummanni Oromoo jaarmayoota maqaa Oromootiin faallaa kaayoo sirna Gadaa irratti ijaaraman hin barbaadu. Karaa biraatiin jaarmaya Kaayoo dimokraasii Gadaa Oromooti amanuu fi hujjii irra oolchu argatuuf carraaqa.Ummanni Oromoo jaarmaya maseena hin barbaadu. Ummanni Oromoo qabsoo jaarmaya fidu, jaarmaya tokkummaa fidu, tokkummaa humna dhalu, humna diina buqqisee walabummaa fidu barbaada.
Ummanni Oromoo jaarmaya ,sabboonaa- warraaqaa-walabaa-dimokraatawaa fedha.Ummanni Oromoo jaarmaya makkaaldhoo, kaayoo, dhawa walabummaa jalatti jaarmaya waadaa isaa tiiksee hujitti hiiku barbaada. Ummanni Oromoo jaarmaya fi hoggana roora'ee (vaccilator) irbuu isaa gannee gabrummaa fi bilisummaa jidduu xawalwaalu hin barbaadu.

Garaagarummaan AWO fi jaarmayoota Oromoo biroo jidduu jiru maal?

AWOn jaarmayoota Oromoo biroo irraa waan adda isa taasisu qaba. Innillee:
1. Makkaaldhoo xaliilaa fi hin dhodhomoyne ta ”ummata bilisaan, biyya walabaa keesatti mootummaa birmamadaawaa walabaa dimokiraatawaa ummataa” ijaaruu jettu qaba.
2. Kaayoo xaliilaa fi hin daddayne mirga-dhala-namoomaa, dimokiraasii Gadaa Oromootii fi hiree ofii-ofiin-murteeffannaa ummata Oromootii fi ummatootaa qaba.
3. Dhawa siyaasaa-waraanummaa hordofee hujii irra oolcha
4. Qabiyyeenis tayee caasaan jaarmaya siyaasaa waraanummaati.
5. WOn dhawaa fi tooftaa fira guddisuu fi diina xiqqeessuu hordofee hujii irra oolcha.
6. AWOn jaarmaya sabboonaa-warraaqaa-walabaa dimokiraatawa-waaltawadha.
7. AWOn, hogganni isaatii fi miseensi isaa ol-aantummaa seera ittiin bulla jedhanii baafanitti ammanu.
8. Hogganni AWO illee hoggana siyaasaa-waraanaati (politico-military leadership)
9. Waan maraa caalaa ummanni keenna kaayoo lafa-kaayanne bakkaan gawuuf wareegama barbaachise maraaf qophii tawuu keenna argee, waan dubbannuu fi waan barreessinu callaan osoo hintayin hujii fi tarkaanfii keennaan nu madaalee nu hordofa.

Tokkummaa Oromoo irratti AWOn ajandaa yookaan imaammata akkamii qaba?

Kaayoon jaarmaya AWO ”Unity and Struggle” yookaan Tokkummaa fi Qabsoo kan jedhu.Tokkummaa fi qabsoon walitti hidhannoo addaan hicitne qabu. Akka kaayotti AWOn tokkummaa keessatti qabsoo, qabsoo keessatti ammoo tokkummaa tarkaanfachiisa. Akkuma tokkummaan qabsoon keessa hin jirre tokkumaa iginyee (static) taye tokkummaan hafuura qabsootiin guutame tokkummaa (dynamic) warraaqaa taya. Karaa biraatiin tokkummaan qabsoo of-keessaa hin qabne tokkummaa du’aa yoo tawu tokkummaan qabsoon guutame tokkummaa lubbuu qabu. AWOn tokkummaa iginyee yookaan tokkummaa du’aa hin deggeru. Tokkummaa warraaqaa yookaan lubbu-qabeessaaf hojjata.
Akka ilaalcha keennatti tokkummaan mataa isaatitti kaayoo miti yookaan galmaa miti. Karaa biraatiin Walabummaan yookaan bilisummaan kaayoo qabsoo teennaa yoo tawu tokkummaan qoqqophee gara kaayoo tanaatti nu ceesisu. Garaagarummaan fedhe jiraatullee akka saba tokkootti jiraachuuf tokkummaan ummata Oromoo barbaachisa.Garaagarummaan fedhe nu jiddutti dhalatus karaa nagayaatii fi haasawaatiin (dialogue) furanna. Yoo garuu jaarmenni Oromoo tokko nu dhabamsiisuuf akeekkatee ka ka’u taye, dhabamuu keennaan duratti of-ittisuuf mirgas dirqamas qabna. Dhabamuu keennaan duratti dhabamsiisuu filanna. Tokkummaan qabsoo hinqabne, qabsoon tokkummaa hin qabne maseena. Karaan qabsoo fi tokkummaa taadhii dhala. Jireenni mataa isaatuu qabsoo fi tokkumma jennee amanna.

Oromiyaa keessatti utubaan haadni tokkummaa irratti guduumfamu walabummaa Oromiyaati jennee amanna. Garaagarummaan Oromoo jidduu jiru garaagarummaa siyaasaa callaa miti. Tokkummaa ka uumnuuf jaarmayoota garaagarummaa siyaasaa qaban walitti fiduuf callaaf osoo hintayin tokkummaa dur hin qabne yookaan humna dur hin jirre uumuuf.
AWOn tokkummaa bakka lamatti baasee ilaala. Isaanis tokkummaa ijaaraa fi tokkummaa diigaa (positive and negative unity).AWOn tokkummaa faallaa kaayoo walabummaa Oromiyaa irratti uumamu hin deggeru. Tokkummaa akkasillee akka tokkummaa diigaatti (negative unity) ilaala. Tokkummaa kaayoo walabummaa Oromiyaa bakkaan gawuuf uumamu tokkummaa ijaaraa (positive unity) yoo tawu deggersa AWO guutuu qaba.

Tokkummaan yeroo mara humna fida jechuun hin dandayamu (union does not always make for strength). Fakkeennaaf osoo ardha jaarmayoonni Oromoo hundumtuu karaa qabsoo dhiisanii, waraana isaanii diiganii, hidhannoo isaanii hiikkatanii, karaa qabsoo hidhannoo balaaleffatanii, tokkummaa Itoophiyaa fudhatanii, karaa nagaatii fi dimokraasiitiin tokkummaan gamtaa uumani, AWOn gamtaa kana keessatti qooda fudhataa? Deebiin hin fudhatu ka jedhu taya. Tokkummaa akkasii fudhachu jechuun sirna kiyyoo-gabrummaa jiraachisuuf ganna jaarraa tokkoo dabalu jedhee amana AWOn. Garuu, faallaa kanaatiin osoo humna keenna walitti kuufne, sirna kiyyoo-gabrummaa kuffisuu gamtaa jaarmayoota walabaa Oromoo uumna yaadn jedhu dhiyaatee AWOn gamtaa kana keessatti qooda fudhachuuf tarree duraa irratti hiriira. Kanaafuu, qabsoo walabummaa Oromiyaa kufaatii irraa dandamachiisuuf nu qabsaa,onni ofillee deebifnee erga ijaarreen booda Waraana Walabummaa Oromiyaalee deebifnee bifa haarawaan ijaarre.

Kutannoo fi murtii ejjannoo Jila Qabsaa'ota Adda Walabummaa Oromiyaa
Nuy qabsa'onni jaarmayoota Oromoo adda addaa fi dirree qabsoo garagaraa irraa walitti dhufne, baatii Onkoloolessaa 14-25 teessuma jila qabsaa'otaa godhannee akkaata armaa olitti tarreessine kanatti rakkoo mooraa qabsoo walabummaa mudatte erga gadi-fageennaan xiinxallinnee booda murtiilee fi ijjannoolee asii gadii dabarfannee jirra.

Walabummaa Oromiyaatii fi saboota akka ummata Oromootti gabrooman ilaalchisee

1. Sabootaa fi sab-lammoonni hanga ammaatti cunqursa mootummaa Itoophiyaa jala jiran daangaa tokko malee walaboomuuf mirga guutuu qaban. Mootummaa walabaa ijaarachuun yookaan ummatoota biroo waliin tokkummaan jiraachuun mirga isaanii kan uumama tawuu labsina.
2. Sabni Oromiyaa haal-duree tokko malee mootummaa walabaa dimokraatawaa ijaarata. Mootummaa kana keessatti qaamni seera tumu, ka seera raawwachiisuu fi seera irratti abboomu seeraan aangaawa.
3 . Oromiyaan walabaan mootummoota Habashaa waliin ollummaa fi wal-kabajaan jiraatti.
4. Lammiiwwan Habashaa kanneen biyya Oromiyaa keessa jiraatan yoo lammii Oromiyaa tawuu filatan akkaataa korri sabaa murteessetti mirga lammii Oromiyaa tawuu argatan
5. Mootummaa Habashaa wajjiin tokkummaan bifa kam iyyuu hin godhamu. Filmaanni keenna Oromiyaa walabaa callaadha.

Walabummaa daangaa Oromiyaatii fi biyya saboota cunqurfamoo ilaalchisee

1. Oromiyaan daangaa saboota hundaa ni kabajji. Haa tawu malee, gaafiin daangaa mootummoota haarawa walabaa fi Oromiyaa jidduu jiru walii-galtee mootummoota walabaa lamaaniin murteeffama.
2. Oromiyaan hin qoqqoodamtu. Kanaafuu godinaalee Walloo kan duraanii, kaabaan Laallibalaa, Laastaa, Goojjamii fi biyya Agaaw irraa ka hafe biyya Oromiyaati.
3. Biyya Ogaadeen, Sidaamaa, Walaaytaa, Gedeo, Kaffaa, Jaanjaro, Hadiyyaa, Gambeellaa, Afaar, Gamuu, Gidoollee fi ummata Beniishaangul waliin mootummaa walii-galaa utubuun filmaata keenna.
4. Daangaa biyya Itoophiyaa ni kabajjina; Gondar, Tigray, onoota bicuu shaawa fi Wallo keessa jiran biyya Habashaa tawuu ni beekna.

Walabummaa Oromiyaa argamsiisuu akkaata meeshaa waraanaa motummaa Habashaa irratti dhimma

baanu ilaalchisee

Hanga Habashoonni biyya Oromiyaatii fi biyyoota saboota cunqurfamoo gad-dhiisanii bawuuf fedhii qabanitti AWOn karaa ficilaa hinfilatu. Yoo ummanni Oromootii fi saboonni cunqursamoon mootummaa isaanii walabaa karaa nagayaatiin ijaarachuu kan dandayan taate sababiin karaa humna hordofnuuf hin jiru. Haa tawu malee, Habashoonni biyyoota humnaan qabatan fedhaa isaanitiin dhiisanii ni bayan amantii jedhu hinqabnu. Kanaafuu kaayoo keenna galmaan gawuuf karaa fincilaa fi diddaa gabrummaa karaa tokkicha filmaata biraa hin qabne. Of-tuulummaa fi karaan cunqursa ka isaan hordofan akka karaa waraanaa fi humna filannu nudirqisiisa. Dirqamni kun dura dursee waraana walabummaa Oromiyaatti kennamee jira. Humniti ittisa walabummaa Oromiyaa akka tarkaanfii barbaachisaa taye waraana mootummaa gabroomfataa irratti fudhatu ajajini darbeefii jira. Hanga Oromiyaan walaboomtutti tarkaanfiin barbaachisaan humna hidhataa diinaa, abbaa taytaa isaa, caasaa diinagdee isaatii fi warra isa gargaaran irratti akka fudhatamu murtaayee jira.

1. Hogganni Adaa Walabummaa Oromiyaa guyyaa ardhaa irraa kaasee ajajoota waraanaatii fi lammiiwwan Oromiyaa dhiiraa dubartiin waraana Habashaa akka hidhannoo irraa hiikan aangoo guutuu itti kennee jira.
2. Dirqama asii olitti tuqame kana hujii irra yaroo oolfamu ummataa fi waraana keenna dhiiraa dubartitti ka gorsinu ijoollee, jaarsaa jaartii, dukkubsataa fi dadhabaa tajaajilaa ummata keennaaf goonu hundumaa isaanilleef akka godhuu qabnu yaadachiifna.
3. Humnaan dubartii gudeeduun, hanni, yoo lola kallattii keessatti taye malee ajjeechaan ummata irratti raawwachuun dhoorgaa dha.
4.Waraanni Walabummaa Oromiyaa Habashoota hidhannoo bifa kamyyuu hiikachiisuuf aangoon guutuun itti kennamee jira.

Walii tumsa qabsaa'ota sabaa fi sab-lammoota cunqurfamoo ilaalchisee

Nuy ummanni cunqursamaan Impayera Itoophiyaa keessatti argamnu rakkoo akka tokkoo qabna. Gaddaa fi gadadoon ummata keennaa, saamamuun qabeennaa, roorroo dubartoota keenna irratti raawwatame,ajjeechaan lammiiwwan jijjiirraa fidu jedhanii shakkaman irratti raawwatamee fi gidiraan mootummaan gabroomfataan nurratti hojjate tokko nu taasisa. Karaan gooftota Tigree of-irraa itti buufnu humna keenna yoo tokko taasifne qofaadha. Kanaafuu, jaarmayoota Oromoo kanneen walabummaaf dhaabbatan hundumaa, Adda Bilisummaa Ummata Ogaadeen, Sochii Bilisummaa Ummata Sidaamaa, Loltoota Benishangulii fi Gambeellaa mootummaa yakkamaa kana buqqifnee ummata keenna akka walabummaa itti gonfachiifnu harka wal-haa qabannu.

Waamicha dargaggoo, dhiiraa fi dubartii Oromootiif dhiyaate
1. Akka diina keessaatii fi diina alaa tokkummaa fi gara-kuteennaan dura dhaabatan waamicha isiniif goona
2. Dargaggoon Oromoo Oromiyaan walabaan hiree fuul-duree teessaniitii fi wabii jireenna keessanii tawu isii akka hubattan waamicha isiniif dhiyeessina
3. Hogganoonni amantii biyya teennaa hundumtuu tokkummaa fi walabummaa Oromiyaatiif akka hojjatan isin waamna.

4. Hayyoota keenna, daldaltoota keenna, dhiiraa fi dubartii waraana keenna akka golgaa kennitaniif akka nyaataa fi meeshaan,maallaqaan gargaartan hadaraa isiniin jenna.

Walabummaan hinshakkisiisu!
Oromiyaan ni walaboomti!

Jila Qabsaa'ota Adda Walabummaa Oromiyaa